# ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT جبهة تحرير اورومو

Guyyaa:
Date: June 8, 2006 تاريخ

Lakk.:
No.: 035/ABO/2006 رقم

**Mootummaan Abdii Kutate Hammeenyaa Dalaguu irraa Hin Deebi'u**

Mootummaan EPRDF/TPLF erga aangoo biyya bulchuu qabatee waggaa kudhanii shan taheera. Yeroo hammanaa keessati mootummaan kun guyyaa tokkoof illee deggersa ummataa argatee hin beeku. Haga ammaatti aangoo irra turuu kan danda'ees tooftaa adda qoodanii bituu jedhutti dhimma bahuun, dhaaba tokko isaan kaan irratti kakaasuun, ummatoota nagaan bara dheeraa waliin jiraatan walitti naquu fi wal lolchiisuu dhan ture. Umrii aangoo isaas kanaan dheereffatee har'a gahe. Erga dhaaboti shan walitti dhufanii qabsoo isaanii qindeeffachuuf Tumsa Bilisummaa fi Dimokraasii ijaaranii ammoo mootummaa EPRDF/ TPLF waan qabatuu fi dhiisu wallaalee jira. "Tumsa kana nan diiga" kan jedhuun shira maqa-balleessii, kan miseensota tumsichaa wal shakkisiisu fi walitti buusu akkasumas ummanni amantii wol irratti qabaatee rakkoo gamtaa qabsoo gamtaan furachuuf akka woliin hin qabsoofne gochuu hojii godhatee jira.

Mootummaan Wayyaanee dhaabonni akka ABO fi CUD walitti dhufuu hin danda'an jedhee yaadaa ture. Haga isaan walitti hin dhufneetti ammoo EPRDFn wanti sodaachisu hin jiru jedhee walgahii irratti ifatti dubbataa ture. Ijaaramuun TBD waan Wayyaaneen yaadaa ture faallomse. Kana irraayyi naasuun mooraa EPRDF seene. Dhaaboti TBD ijaaran rakkoo biyya Itophiyaa baroota dheeraaf nagaa dhorkatee jeeqaa ture furuu irratti wal tahuun Wayyaanee guyyaa itti dukkaneese. Woliigalteen kun kan umrii hacuuccaa isaa gabaabsu akka tahe sirritti hubata. Kanaaf Wayyaaneen TBD diiguu ykn gufachiisuuf olola bifa adda addaan oofuu jalqabee jira.

Ololli Wayyaanee kan xiyyeffate dhaabota miseensa TBD tahan giddutti shakkii uumuurratti. Kana bakkaan gahachuuf yeroo ammaa Wayyaaneen barreeffama ofumaa qopheessee kan ABO ti jechuun facaasaa jira. Itophiyaan bara 2009 keessa waan fakkaattu jedhee maappii kaasee sabootaa fi ummatoota walitti naquuf guddaa badadaa jira. Shirri Wayyaanen itti jirtu nama amalaa fi gochaa isii beekuf waan haaraa miti, kan nama yaaddessu illee miti.

Ammaan dura ABO tan ummata Oromoo biratti jibbisiisa jechuun filmii sobaa kaasee ummatatti agarsiisaa ture. Baddannootti ofii isaatii ummata ajjeessee kun gochaa ABO ti jedhee daramaa dharaatti gargaaramaa ture. Jimma keessatti Sigimoo fi Gaattiraatti, Baalee keessatti gandoota hedduu keessatti ummata keenya qalee ofumaa filmii kaasee kun gochaa ABO ti jechuu yaale. Gurra dhaga'uu fi qalbii yakka kana fudhtau garuu argachuu hin dandeenye. Gochaa sana hunda kan raawwataa turan miseensota Wayyaanee akka turan miseensotumti Wayyaanee mataa isaanii saaxilanii jiru. Mallas har'a waraqata " tibibbir bemefxar laay ye Oneg ye tikuret aqxaaccaa" jedhu ofii barreessee iccitii ABO argannee jedhee facaasaa jira. Akeeki isaa TBD gufachiisuuf fi ummanni daranuu akka wol shakku gochuuf akka tahe hubatamaa dha. Gochaan Mallas kun yeroo isaa eeggatee gaaf tokko akka saaxilamu shakkii hin qabnu. ABO gocha farrummaa kana sagalee guddaan balaaleffata. Ummataa fi jaarmonni hundi Wayyaaneen aangoo isii harkatti turfachuuf jecha shirri hin yaadnee fi hin wixinne akka hin jiraatne dursanii beekuuun barbaachisaadha.

Sochiin addoota adda addaa ti fi jaarmayooota mormitootaa ala kanatti waan itti jabaachaa dhufeef hojii isaanii kan sagalee ummataa kan biyyatti boortaan ukkaamfame adddunyaatti dhageessisuu kana ak-

Oromo Liberation Front P.O. Box 6973 Asmara Eritrea, Tel.2911-150548, Email:abamilki@gemel.com.er

kaataa itti danqu qindeessuufis ministera diaspora dhaabee horii guddaa dhangalaasee hojjachaa jira. Ijaaramuun TBD fashaluu qaama kanaa waan agarsiisuuf mootummaa Wayyaanee guddaa rifachiisee waan qabuu fi dhiisu wallaalchisee jira. Kanaaf TBD gad dhaabbatee osoo hin jabaatin diiguu kan jedhu irrati hojjataa jira. Biyya keessatti illee ummatoota walitti buusuu dhan ilaalchaa fi yaada ummataa gara dabarsuuf waan hedduu yaalaa jiru. Baadiyyaa keessatti ummatoota wal lolchiisuu, mana barumsaa keessatti barattoota sabummaa dhan walitti naquu irratti bobba'anii jiru. Gochaan kun gochaa mootummaa abdii kutate ti. Mootummaan abdii kutate hammeenya hojjachuu irraa of duuba hin deebi'u.

Kanaaf ummatooti biyya Itophiyaa keessa jirtan fi kanneen carraan baqatummaa isin muudatee baqattanii ala jirtanis shira Wayyaanee kanaan osoo hin dagamne akka jabaatanii of irraa eegdanii TBD booda hiriiruun qabsoo birmadummaa fi dimokraasii dhugaa hiddaan gadi dhaabuuf akka gamtaan hiriirtan dhaammanna. Ummatni Oromoos akkuma ammaan dura gochaa turetti shira yaalii ijibbaataa Wayyaaneen itti jirtu kana kuffisuuf jabaattee ummatoota hundaa wojjiin harka wol qabachuun qabsoo haqaa kana akka finiinsitu waamicha keenya haaromsina. Olola Wayyaanees tahe murnooti addaa addaa oofaniif gurra hin kennin. Daandii keenyaa haqa, galiin keenyas beekamaa waan taheef injifannoon keenya akka tahu shakkii hin qabnbiu.

**Injifannoo Ummata Oromoof!!!**
**Adda Bilisummaa Oromoo**
**Waxabajjii 8, 2006**